# Hojii argachuu

Espen Stranger-Johannessen
Sunniva Høiby-Øiset
Muhammed Berisso
4
Afan Oromo om

Alishaan maatiin ishee nyaataafi uffataaf qarshii waan barbaadaniif hojii argachuu qabdi.

Alishaan biyya ishee keessatti hin hojjenne, garuu nyaata bilcheessuuf dandeettii qabdi, namoota waliin haasa’uus ni jaallatti.

Tarii mana nyaataa keessatti hojjechuu dandeessi ta’aa? Alishaan maxxansa hojii toora interneetii irratti barbaaddi.

Beeksisa sheefii tokko argite. Sunis nama mana nyaataa keessatti nyaata bilcheessuudha.

Gaaffii fi deebii hojiitiif deemte. Hogganaan mana nyaataa nama Sheefii ta’uuf leenji’e akka isaan barbaachisu itti hima.

Alishaan ni mufatte, garuu koorsii “Nyaataa fi keessummeessituu” jedhu fudhatti. Kunis mana nyaataa keessatti hojii akka argattu akka ishee gargaaru abdii qabdi.

Alishaan akka qaama leenjii ishee ta’utti mana nyaataa keessatti hojjechuu qabdi. Mindaa hin argattu, garuu muuxannoo hojii ni argatti.

Bal’ina koorsii kanaa “CV” ishee irratti dabalti. “CV” jechuun hojii isheen hojjettee fi koorsii fudhatte hunda kan ibsuudha.

Yeroo itti aanutti Alishaan mana nyaataa tokkotti gaaffii fi deebii hojiif deemte, hojiin sun ni kennameef. Hojii cimaadha. Yeroo baay’ee galgala, yeroo ijoolleenshee mana barumsaatii deebi’anitti hojjechuu qabdi.

Maallaqa mataa isheetiin nyaata fi uffata maatii isheef bitachuu akka dandeessuuf hojii argachuu isheetiin boonteetti.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Hojii argachuu


Espen Stranger-Johannessen

Sunniva Høiby-Øiset

Muhammed Berisso